Foormulaa Jireenyaa!!



Abdussalaam edris

0905550014

Foormulaa Jireenyaa!!

□□✓Ofitti deebi'i, of keessaa baddee of barbaachaaf maaliif gatii kaffalta, ofitti deebi'i ofii kee fudhadhu, waa'ee kee sirritti yeroo fudhadhuutii itti yaadi!.

✓hojiin hojjatamu ala osoo hin ta'in si'uma keessa jira "Never believe in never" jedhama.

Hin danda'amu jecha jedhutti hin amanin!. Filannoon sirriin gatii nama kafalchiisuu galma ni ga'aatii.

✓maal gochuun danda'aree hin jedhin, maal fa'an gochuu danda'a jedhi malee.

Jireenya filatanii jiraatu malee jiraachuuf hin filatani.

✓yeroo hundumaa filannoo sirrii qabaattee yoo fiixaan bahiinsa dhabdellee yeroo hundumaa yaada filannoo sirrii hin dhabin!

Yeroo tokko yoo dadhabina kee ofitti fudhatte, Namni tokkooyyuu deebisee ittiin si miidhuu hin danda'u.

Bakka itti dhaabbattu utuu hin yaaddin deemsa eegaluun gatii guddaa Nama baasisa

□ Beekumsa qabda jechuun, Ogummaa qabda jechuu miti.

□Ogummaa qabda jechuun garuu beekumsas qabda jechuudha.

Foormulaa Jireenyaa!!

AMALOOTA NAMOOTA MO'ATOO TORBA (7)

1. Abdii hin kutani. Yoo kufan ka'uu akka danda'an beeku

2. Waan gaarii fi cimina ofii isaanii fi kan nama biraa arguu danda'u. Hir'inaa isaaniirratti, hir'ina namaa irratti hin

xiyyeeffatan. Waan qabanii fi waan danda'an irratti xiyyeeffatu.

3. Namoota (hiriyyoota) gaarii ta'an naannoo isaaniitii qabaatu. Hiriyyoota kaayyoo, ergama fi ilaalchaan waltumsuu danda'an of biraa qabu.

4. Waa'ee doggoggora darbee deddeebi'anii yaadanii of hin

dhiphisan, garuu irraa baratu.

5. Yeroo kaayyoof jedhanii miidhamni dhiphinni, rakkiinni irra ga'u waan isaan miidhe caalaa waan miidhama sana keessaa argatan yaadu.

6. Kufaatii isaanii dhoksuuf hin dhama'an, akka barumsa argatanitti yaadu.

7. Murtoo murteessuuf dudduuba hin deebi'an. Murtoon jireenya keessatti barbaachisaadha, namoonni mo'atoon ni murteessu.

Mala 15 kan yeroo tee itti Taliiguu dandeessu.

1) Karooraa Mataa keeti qabaadhu.

2) Waan hojjattu qindeessi.

3) Qajeelfama fudhachuu bari.

4) Waan xiqqoo irraa jalqabi.

5) Yeroo xumuraa fi jalqaba qabaadhu.

6) Yeroo nyaata qindeeffadhu.

7) Hojii ofitti baayyisin

8) Hojii tee karoora kee waliin wal-simsiisi.

9) Waan si jeeqarra fagaadhu.

10) Karoora/sagantaa guyyaa qabadhu.

11) Boqonnaa qabaadhu, Hirriiba dura yaada xiqqeessi.

12) Lakkii jechuu bari.

13) Hojii keessa hin badin, sarara eegadhu.

14) Of-hin cinqin, suuta hojjadhu.

15) Kaka'umsaa fi si'aayina qabaadhu.